

**Afeewaniifi Bocawwan Giddugala Aadaa Oromoo Eenyummaa Agarsiisan: Xiinxala
Waalle Liixxaatiin**

Fiqaaduu Taakkala¹, Addunyaa Barkeessaa², Masfin Wadaajoo³

1.Yuunivarsitii Addis Ababaa, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Email: fiketakele@gmail.com

2.Yuunivarsitii Addis Ababaa, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Email: barkiikoo2011@gmail.com

3.Yuunivarsitii Addis Ababaa, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Email: mesfinacho@gmail.com

Axereeraa

Kaayyoon gooro waraqaa kanaa afeewaniifi bocawwan Giddugala Aadichaa keessaa eenyummaa agarsiisan xiinxaluudha. Kaayyo kana galmaan gahuuf mala akkamtaatti dhimma bahamee jira. Malleen akkamtaa keessa jiraniin ragaaleen qorannichaa sassaabaman. Ragaaleen kunnenis madda jalqabaafi lamarraa walitti qabaman. Isaan maddeen lamaan irraas daawwanna, sakatta'aafi afgaaffiin funaanaman. Maddi jalqabaa hirmaattota mala akkayyoon xiyyeffataman, afeewaniifi bocawwan giddugalaa irraa kan argame yoo ta'u, inni lammaffaa sakatta'a barruun fudhatame. Ragaaleen funaanaman qabiyeewan kaayyoowwan qorannichaa bu'uureffatan jalatti dhiyaachuun xiinxalamani jiru. Xiinxalli kunis xiinxala garsadee 'tri-dimensional model'-ibsuu, hiikuufi balballoomsuu kan jedhu xiyyeffachuu geggeessamee jira. Kunis maleenya xiinxala waalle liixxa faana bu'uunidha. Argannoowwan xiinxala kanaan irra gahaman giddugala kana keessatti eenyummaan Oromoo karaa afeewaniin, bocawwan sirna Gadaafi irreechaan walqabatanii akkamitti hawaasni kun ofifi addunyaa keessa jiru akka ilaalu agarsiifamee jira. Afeewwan xiinxalaman dhiibbaa agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaarraa tureefi hubanno ganamaa hawaasichaa dhiheessu. Bocawwan sirna Gadaan walqabatanii jiran sirni tokkeen biyyicha akka bakka hinbuune agarsiisanii jiru. Eenyummaan saba kanaa akka iddo argatu; eenyummaan olaanaafi gadaanaa ta'e biyya kana keessa akka hin jirreefi kan ittiin agarsiifamu akka qabu bifaa ergaan mul'ateera. Kan malee, himaachisummaafi walqixxummaa sirni Oromoo keessa jiru agarsiisuuf, 'Abbaa Gadaafi Haadha Jilaan', 'caaccuufi kallacha', 'waaqaafi lafa', 'dhiiraafi dhalaa', 'durba duudaafi irreecha' kan jedhaniin dhihaateera. Kan biroon, walitti dhuseenyi afeewwan, bocawaniifi aangoo giddugala kana keessaa walqixxummaa dhabinsa tureefi jiru, ilaalcha gamtokkee jiru ni agarsiisu. Akkasumas, mallattoowwan eenyummaa Oromoo giddugaleessa biyya kanaafi sadarka biyyaatti dhiibameefi hacuucame bahee akka mul'atu dhiibbaa ni godha.

Jechoota Ijoo - Afee, boca, agarsiistuu, eenyummaa, xiinxala waalle liixxa

SEENSA

Dhalli namaa addunyaa jiraatu keessatti aadaa, seenaa, siyaasa, dinagdeefi eenyummaa isa ibsu ni qabaata. Eenyummaan akka hawaasni tokko itti of ilaalu, kanneen biroo itti ilaalu, akkaataa kanneen birootiin itti ilaalamuufi ilaalcha kanneen biroo itti hubatudha (Littlefield, 2012; Yaldizfi Aydin, 2014) jedhu. Kun, akkaataa nuti itti ofiifi garee biroo itti ilaallu; haala qaamni biroo itti nu ilaalu ittiin hubannu akka ta'e ibsa. Eenyummaan hawaasa tokkoo agarsiistuuwwan qabuun addunyaatti bahee mul'ata. Agarsiistun sammuu dhala namaa keessatti mul'achuun haala hawaasa tokko kan ibsuufi bifa hiika qabeessa ta'een dhihaatudha (Hall, 1997) jedha. Kanaaf, agarsiisawan eenyummaa Oromoo qabatama keessa jiran keessatti maal akka bakka bu'an ilaaluun murteessaadha.

Eenyummaan hawaasa tokkoo kan ittiin agarsiifamu qaba. Isaanis, afaan, uffanna, hambaaleefi mallattoo sirnaan adda bahee beekamu fa'a (Gur, 2014). Eenyummaan hawaasa tokkoo agarsiistuuwwan ittiin dhihaatu akka qabu dhiheessa. Afeefi bocni, xiyyeffannoo qorannoo kanaati. Afeen afaan dubbiifi barreffamaa yoo bakka bu'u bocni ammoo fakkilee waan addaddaarraa tolfamnii ergaan ittiin darbudha (Kress and Van Leeuwen, 2008) jedhu. Afeefi bocni ijaarsaafi agarsiisa eenyummaa keessatti shoora gudda qabu. Eenyummaan isaaniin ijaaramuufi agarsiisamu kun waan namni dhuunfaa, gareefi hawaasni tokko keessa tureefi itti jiru ni agarsiisa (Bloomaert, 2005fi Gee, 2005) jedhu.

Agarsiistuuwwan hawaasa tokko keessatti mul'atan waan hawaasichi bakka ittiin buufate ibsu. Spencer (2006) yoo ibsu, agarsiistuuwwan hariiroo namootni hawaasaafi eenyummaa hawaasichaa waliin qabaniin mul'atu jedha. Yaanni kun, agarsiistuuwwan hawaasni tokko itti amanuufi yaada isaa keessa qabu eenyummaa isaa wajjin walitti dhufeenza akka qaban agarsiisa. Kun, agarsiistuuwwan hawaasa tokkoo eenyummaa hawaasichaa akkamiin akka ibsaniifi ergaa isaan dabarsan xiinxaluun akka danda'amu mul'isa. Kanaaf, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo qabatama keessa jiran keessatti maal akka bakka bu'an ilaaluun murteessaadha.

Oromoona saba guddaa Gaanfa Afrikaa yoo ta'u, eenyummaafi agarsiistuuwwan isaa sadarkaa biyyatti akka hinmal'aanneef gandatti ittifamaafi boodatti hafaa jedhamaa ture (Daraaraa and Mohammed, 2008; Asafa, 2010: 17). Agarsiistuuwwan inni qabu dhiibbaa jala akka ture dhiheessa. Qorannoo kanaaf ka'umsi eenyummaan Oromoo gita sirna bittoota Itoophiyaan hacuucamaafi akka hin mul'anne taasifamaa ture akkamitti akka agarsiistuuwwan qabuun akka agarsiifamaa jiru ilaaluuf. Kan biroon, eenyummaan Oromoo akkuma kan sablammilee biroo dhiibbaafi hacuuccaa jala ture. Aadaafi afaan sabichaa kan mallattoolee eenyummaa isaa turan ukkaamamanii turan. Kufaatii Dargii bara 1991 booda akkuma saboota biroo aadaafi afaan ofii guddiifachuuf kan carraa argate tokko saba Oromooti. Carraa argame kanaan Giddugalli Aadaa Oromoo dhaabatee jira. Giddugala kana keessatti mallattooleen eenyummaa hawaasa Oromoo agarsiisan garaagaraa dhaabatanii, kuufamanii jiru. Itti dabalees, qorannoofi qo'annoon aadaas ta'ee afaan hawaasichaa achi keessatti geggeeffamaa jira. Haata'u malee, agarsiistuuwan kunneen (afaanis ta'e mallattooleen aadaa) akkamiin eenyummaa hawaasichaa akka ibsaan qorannoo cimaan tokko irratti geggeessamee hinjiru. Kun ka'umsa dabalataa akkan qorannoo kana hojjedhuuf na kakaasedha.

Ka'umsi biroon, akkamitti agarsiituuwwan jiran afaaniis ta'e bocawwan giddugala kana keessatti eenyummaa hawaasaa dabarsaafi agarsiisa jiraniin eenyummaa hawaasaa liqimfamee ture deebisaa akka jiran ilaaluuf. Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Itoophiyaa keessatti akka hin mul'anneetti liqimsamee ture. Yaada kana barreessaafi qorataan Asafa (2010: 16) jedhamu yoo ibsu, "Colonial rulers saw Oromoness as a source of raw material that was ready to be transformed into other identities. In the colonial process, millions of Oromos lost their identities and assimilate to other peoples" jedha. Eenyummaan Oromoo qaama biroon akka hacuucamaa tureefi akka meeshaa bittaa waan barbaadaniin bakka buusaa akka turantu hubatama. Kana malee, biyya kana keessatti wanti eenyummaa Oromoo agarsiisu heddumminaan akka maqaniifi kanneen biroon bakka buufamanillee ni dhiheessa. Agarsiituuwwan Eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan haala kamiin akka dhiibbaa ture maksuun hawaasicha agarsiisaa jiru qorannoo jabaa barbaada. Ka'umsa dhihaate bu'uura godhachuun kaayyoowwan qorannicha keessatti xiyyeefataman: akkaataa afeewwaniifi bocawwan Giddugala Aadichaa keessaa eenyummaa Oromoo ittiin agarsiisaan ibsuu, ergaa isaan dabarsan addaan baasuufi walitti dhufeinya isaan aangoo waliin qaban balballoomsuudha.

Qorannoon kun gama caayaayaa yaadrimeen (conceptual framework) dhugaa hawaasa keessa dhiheessuuf afeewwaniifi bocawwan eenyummaa agarsiisan fuulleffate. Afeewwaniifi bocawwan hawaasa tokko keessa jiran irraa ilaalchaafi

sona jiru, dalagaawwaniifi dhimmoota hawaasa bal'aa keessatti agarsiifaman bira gahuun ni danda'ama (Mammadov, 2018; Fairclough, 2003; Adugna, 2019). Agarsiistuuwwan kanneeniin eenyummaan hawaasaa giddugaleessa kanarraa dhiibamaafi makfamaa ture akkamitti akka agarsiifamaa, ijaaramaafi darbaa jiru ilaaluun ni danda'ama. Kun ammoo yaada waalleen seenawaadha (discourse is historical) jedhu bu'uureffata. Yaaxxinni waallee seenawaa ragaalee bal'aa gama jiruu hawaasaan walqabatanii karaa afeewwaniifi mallattoolee dhihaatan xiinxaluuf ni oola. Qorannoo xiinxala waallee liixxaan rawwaatamu keessatti qabatama ragaalee xiinxalamuuf waalleen seenawaa ni tumsa (Wodak and Meyer, 2001: 66) jedhu. Qorannoo kana keessatti ragaalee jiran seenaa hawaasaa tureefi kan ammaan walqabsiisuun akkamitti akka agarsiisa eenyummaa hawaasichaaf akka oolan haala kaayyoolee qorannichaan xiinxalli barbaachisu raawwateera.

Malleen Qorannichaa

Gosni qorannoon kun dhimma itti bahe akkamtaadha. Sababni isaa, dhugaan hawaasicha keessaa jechaan, mallattooleefi gochaan waan ijaaramuuf malicha hordofa. Dabalataan, haala giddugala kanaan agarsiistuuwwan jiran akkamitti akka eenyummaa hawaasa tokkkoo akka agarsiisan, ergaa isaa dabarsaniifi hariiroo agarsiistuuwwan as keessaa aangoo waliin qaban hubachuuf kun mijataa waan ta'eef xiyyeffatame. Maddi ragaalee qorannoo kun ittiin geggeeffame madda jalqabaafi lammaffaati. Maddi tokkoffaa hirmaattota qarannichaa, afeewwaniifi bocawwan giddugala kana keessatti argaman xiyyeffachuu meeshaalee funaansa odeeffannoon kan walitti qabame yoo ta'u, maddi lammafaa sakatta'a barruu irraa argame. Kun, meeshaalee funaansa odeeffanno akkamtaatiin raawwatame. Qorannoo kana keessatti meeshaaleen filatamuun hojirra oolan afgaaffii, daawwannaafi sakatta'a dookumantiiti. Malleen kanneeniin odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabuun danda'amee jira. Kunis, kaayyo qorannicha duukaa bu'uun raawwatame. Hirmaattonni madda ragaalee qorannichaa ta'an tooftaa iddatteessuuakkayyootti dhimma bahuun filataman. Haaluma kanaan, qorannoo kanaaf hojjettoota Giddugala Aadaa Oromoo keessaa hojjetan keessaa tooftaa iddatteessuuakkayyoont hirmaattonni sadii (3) afgaaffii dhihaateef filatamuun ragaalee barbaachisu kennanii jiru. Tooftaan iddatteessuu kun haala qorannoo geggeeffame kanaa bu'uura godhachuun filatame.

Ragaaleen afgaaffii, daawwannaafi sakatta'a dookumantiiti fayyadamuun funaanamanis kaayyoowwan qorannichaarratti hundaa'uun erga qindaahanii ragaa tokko isa biroon deeggaruu xiinxalamani jiru. Ragaalee jiran gulaalamuun erga haala kaayyo qorannichaan adda baahanii booda akkaataa walfakkaatuun quodamuun xiinxalli barbaachisu itti laatameera. Xiinxalli

ragaalee qorannoo kanaa maleenya xiinxala waallee liixxa (Critical discourse analysis approach) xiyyeffachuun geggeeffame. Maleenyi xiinxala waallee liixxa qabiyyee xiyyeffatame ibsuu, hiikuufi faassasuu/ haala barbaachisuun xiinxaluun falaasama hawaasaan walqabsiisuu waan danda'uuf filatame. Xiinxalli kunisakkayaa xiinxala waallee liixxa kan Fairclough (1992)fi Wodak (2001) hundeessan hordofee jira. Afeewwaniifi bocawwan akka dalagaa hawaasaatti waan ilaalamaniif,akkayaa gar-sadeedhaan ibsamuu, hiikamuufi balballoomsamuu dhihaatan. Ibsuun unka afaniifi bifaa Bocaawwanii addeessuurratti xiyyeffata. Hiikuun garuu galmoo isaan keessatti uumaman, fayyadamaniifi fudhatamaniin walqabsiisuu hiikni itti kennname. Hiikni kun walta'iinsa afeefi bocaa akkasumas, galmoo isaan keessatti argaman bu'uureffata jechuudha. Balballomsi ammoo hidhata uumamsi, fayyadamniifi argamni afeewwaniifi bocaawwan sanaa aangoo waliin qaban haala waliigala jirenyaafi siyaasa hawaasaatiin walqabsiisuu faassasuudha. Ragaaleen argamanakkayaa garsadee kana hordofuun erga ibsamani, eenyummaa hawaasaa akkamitti galmoo dhihaatan kana keessatti akka agarsiisan xiinxalameera. Itti fufuun, sakatta'a jiruun deeggaruun jiruufi siyaasa hawaasaan walqabsiisuu haala kaayyoo qorannichaan xiinxalli barbaachisu geggeefamee jira.

Argannoowwaniifi Ibsa (Results and Discussion)

Kutaan kun argannoowwan qorannichaa dhiyeessuun ibsa. Xiinxalli kunis bu'uura xiinxala waallee liixaatiin raawwaate. Qabiyyeen inni tokko afeewwaniifi bocawwan Giddu-gala Aadaa Oromoo keessatti argamanii ibsuun hiikudha. Kun ammoo kaayyoo qorannoo isa jalqabaa xiyyeffachuun deebisa. Ibsi kunis haala afeewwaniifi bocawwan sun keessatti dhimma bahamaniin walqabsiisee hiikee jira. Qabiyyeen inni lammataa ammoo ergaa afeewwaniifi bocawwan giddugalicha keessatti argaman dabarsan ilaachisee ragaaleen jiran hiikuun gaaffii qorannichaa isa lammataa deebisuun yaala. Qabiyyeen inni sadaffaan ammoo hidhata afeewwaniifi bocawwan giddugalicha keessatti argaman aangoo waliin qaban balballoomsuun dhihaateera. Kunis, hiika laatame haala keessoo hawaasaan walqabsiisuu raawwatame. Qabiyyewwan bu'uuraa kunneen ammoo qabiyyewwan xixiqqa garaagaraatti caccabuun ragaaleen kallattiin isaan ilaallatu dhiyaatanii xiinxalamanii jiru.

Afeewwaniifi Bocawwan Giddu-gala Aadaa Oromoo Keessaa

Afeewwaniifi bocawwan sirna Gadaa waliin hidhata qabaniifi keessoo hawaasaa ibsantu xiyyeefatame. Afeen dubbii afaaaniifi barreeffamaan kan mul'atu, qindaahinaafi walsimannaayadaa ofkeessaa kan qabudha. Xiinxala afeewwanii fayyadamuun ilaalchaafi sona jiru, dalagaawwaniifi dhimmoota hawaasa bal'aa keessatti agarsiifaman bira gahuun ni danda'ama (Mammadov, 2018; Fairclough, 2003) jedhu. Kun afeewwaniifi bocawwan hawaasa tokko keessa jiran xiinxaluun agarsiisa isaan gama eenyummaa hawaasaan qaban hubachuun akka danda'amu ibsa. Afeewwaniifi bocawwan Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan ammoo akkamitti akka eenyummaa hawaasaa agarsiisan haala armaan gadiin dhihaatee jira.

Afeewwan

Mataduree kana jalatti afeewwan Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argamantu addaan bahuun ibsame. Ibsi taasifames matadureewwan garaagaraa jalatti geggeeffame.

Jechoota Sirnaawoo ' Systemic Terms'

Fayyadama jechootaan Giddugala Aadaa Oromoone keessatti eenyummaan hawaasaa agarsiifamee jira. Jechoonni kunneen sirna gadaa, bocawwaniifi kanneen biroon walsimuun askeessatti dhihaatanii jiru. Isaanis, haala armaan gadiin dhihaachuun xiinxalli itti laatamee jira. Afeewwan gaditti xiinxalaman bocawwaniifi mallattoolee giddugalicha keessatti argaman irratti maxxanfamanii jiru. Isaanis, karaa daawwannan fudhatama.

(1) Jechoota Sirna Gadaan walqatan

1. *Odaa*
2. *bokkuu*
3. *siiqqee*
4. *alangaa*
5. *eeboo*
6. *kallacha*
7. *caaccuu*

Sarara (1) irratti ragaan mul'ate, odaan galma Oromootti waan fakkeeffamuuf giddugala kana keessatti dhihaate. ‘Odaa’ jedhu kan agarsiisu muka damee baay’efi baala magariisaa qabuufi bonaa ganna lalisudha. Hiddi isaa baay’ee lafa keessa fagaachuun bishaan fageenyarraa harkisuu danda'a. Damee baay’ee qabaachuufi hiddi isaa fagaatee deemuun lafa qabachuun, bal’insa

horteefi latinsa Oromoo wajjin walqabata. Odaan mallattoo eenyummaa, sabboonummaa, tokkummaafi asxaa Oromooti. “Oromoonyaa’ii yookiin jila qabu geggeessuuf galma qopheeffatee osoo hintaane odaa dhuma jala taa’aa ture” (Sakatta’a dookumantii). Kun odaan akka galma iddo lallaaba heeraafi seeraa akkasumas, bakka ardaa jilaa uummata Oromoo ta’uun akka tajaajilaa ture ibsa. Bakka Oromoo itti mari’achuun murtee dabarsu ta’uusaati.

Yaanni olitti dhihaate kun, odaan waan Oromoo kaleessaafi har’aan kan walqabatuufi sabichi eenyummaa isaa kan ittiin agarsiifatu akka ta’e ibsa. Bakka bu’ee isaa kanaan of ibsuuf Oromoonyaa sirnoota jilaa qabu keessatti akka fayyadamaa tureefi jiru (Asmarom, 1973: 90) dhiheesseera. Dabalataan, hammam akka odaan Oromoo waliin dhufeeyna qabu qorataafi barreessaan Mohammed (1997:19) yoo ibsu, “The odaa (sycamore tree), the symbol of freedom and selfadministration ,... which was the source of peace, the center of religion, and the office of government-the meeting place for the democratically elected gada leaders”) jedha. Asxaan eenyummaa Oromoo kun muka eebbaa madda nagaa ta’e, giddugala siyaasaafi amantii, bilisummaa sabichi qabuufi barbaadu, akkamitti akka sabni kun ittiin ofisaa ilaaluufi ibsu kan agarsiisedha. Oromoofi odaa gidduu walitti dhufeenyi guddaan akka jirutu mul’ate. Kanaaf, agarsiistuu eenyummaa sabichaa ta’ee mul’ate.

Itti fufun ragaan (2) irratti dhihaate, ‘*Bokkuu*’ jechi sirnaa kun meeshaa Oromoonyaa sirna gadaa keessatti fayyadamu bakka bu’a. Bokkuun *ejersa* yookiin *ittacharraa* qophaa’aa. Jirma jiru hidda isaa wajjin baasuun qululluu jala jirtu wajjin tolchu. “Bokkuu muranna hin jedhamu; ni magarfanna” hirmaataa jedha. Oromoonyaa muka hinbuqqisu waan ta’eef bokkuu magarfanna jedha. Bakka buqqahe sana muka biraatu dhaabbata. Hamma dhaabamutti isa jala isaa irraa murametu dhaabbata. Labatatti darbuu akka qabuufi ilaalacha hawaasni kun uumama jiruuf qabu agarsiisa. Kana malee, *bokkuun* mallattoo aangooti. Kanaaf, Abbaa Gadaatu qabata. Bokkuun murtoo darbe ittiin mirkaneessuuf gargaara. Fayyadamni bokkuu sirna gadaa keessaa kan afyaa’iin biyya kanaa har’aa fayyadamnuun walfakkaata. Kanas, seera tumuufi mirkansa kennuuf fayyadamu. Tumaan tumame bokkuun mirkanaa’aa. Akkasuma, manni maree bakka bu’ootaas waan mari’ate/ labsii dhiheesse mirkaneessuuf afyaa’iin burruusaan rukutee mirkaneessa. Sirna Gadaarrraa waan fudhatame fakkaata. Akkasumas, manni ni fayyadama. Kun, bokkuun eenyummaa hawaasa kan agarsiisuuifi hubannaa jiruufi jireenya Oromoo keessa jiru kan dhiheessu akka ta’etu hubatama.

Bokkuun mallatloo aangoo ta'us meeshaa ulfoo Oromoo keessatti kabaja qabuufi seerri ittiin raawwamatamudha. Mallatloo aangoo ta'uus isaa mirkaneessa. Bokkuun Abbaa Bokkuun kan qabatamu ta'ee seera caffee irratti tumamuuf kan oolu (Filee, 2021, f. 254; Endalkachew, 2018, f. 42) jedhu. Kunis, walitti dhufeenyaa bokkuufi aangoo gidduu jiru agarsiisa. Aangoo hawaasa kana keessa jiru kan ittiin ibsamuufi bakka bu'u kanaan akka ta'e mul'isa. Sirna Gadaa keessatti akkaataan caaseffama jiruu sirnaawaa ta'uusaa agarsiisa. Aangoon jirus haala hawaasni hubachuu danda'uun kan dhihaatu akka ta'es ni kaasa. Kanaaf, akkaataa hawaasni kun of ilaaluufi addunyaan biroo itti isa hubatu dhiheessuu waan danda'uuf akka agarsiistuu eenyummaatti giddugala kana keessatti dhihaatee jiraachuutu hubatama.

Ragaan (3) jecha 'siiqree' jedhu qabatee jira. 'Siiqree' muka harooressaa qajeelaa ta'e filachuun irraa hojjetama. Jechi 'harooressa' jedhu jechoota 'hara'fi 'horeessa' jedhurraa kan ijaarameefi falaasama dhuftee dhala namaan walqabata (Gemetchu, 1993; Kuwe, 1997: 120) jedhu. Siiqreen seerri Waaqaafi safuu hawaasa keessatti argamu yoo dabu eeguuf akka meeshaa waraanaatti fayyadama. Siiqreenilleeakkuma bokkuun aangoo abbaa Gadaa agarsiisu aangoo dubartii ni mul'isti. Hirmaanna dubartoonni sirna kana keessatti qabaniifi walqixxummaa jiru mul'isuuf nigargaarama. Kuwe (1997: 119) yoo ibsitu, "Siiqree institution functioned hand in hand with the Gadaa system as one of its built-in mechanisms of checks and balances" jetti. Sirni siiqree toofta ittiin aangoo sirna gadaa keessaa to'ataniifi madaalan akka ta'e mul'isa. Kun, sirna gadaa keessatti hirmaanna qabaachuu dubartootaafi walqixxummaa sirnicha hordofu agarsiisa. Yanni dhihaate, meeshaaleen sirna gadaan walqabataaniifi sirnoota adda keessatti mul'atan akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti fayyadan ibsa.

Itti aansuun, (4) irra kan jiru '*Alangaa*' meeshaan kun gogaa roobiirraa hojjetama. Roobiin bineensa bishaan keessa jiraatu gogaan isaa yabbuufi jabaa ta'edha. Alangaa Abbaan Gadaa ni qabata. Jechi kun kan agarsiisu, "Oromoone seeraan bula; abbaan gadaas seeraan biyya bulcha. Alangaan sun seera mul'isti" (hirmaataan). Jechi 'alangaa' jedhu, sirni bulchiinsa Oromoo heeraafi seeraan kan utubame ta'uu mul'isa. Sirna seera qabuufi akkaataa seera hawaasichaan adeemsa bulchiinsaa raawwatu mul'isa. Alangaan boca Abbaa Gadaarraatti mul'atu sirni bulchiinsa Oromoo seeraan ta'uu isaaf agarsiistuu guddaadha. Kana malee, Abbaan gadaa waraanaan akka biyya hinbulchine ibsa. Kanaaf, alangaan agarsiistuu sirnaati. Oromoofi

Oromiyaan nagaan akka bulaa turteefi seerri dhala namaaf iddoo kenu sirna Oromoo keessa akka jiru agarsiisa.

Ragaan shanaffaarratti dhihaate jecha ‘eeboo’ jedhudha. ‘Eeboo’ akka meeshaa waraanaatti humni sadarkaa raabaarra jiru kan fayyadamudha. Sirna gadaa keessatti akka meeshaa waraanaafi humnaan geggeessuutti ilaalamta. Oromoont humna waraaraan of ijaaree sirna qabu akka tiksaa tures ni agarsiisa. Alangaafi eeboon sirna kana keessatti nidhihaatu. Fakkeenyaaaf, hirmaataan Kana yoo ibsu, “Yeroo seerri tumamu alangaa shaniifi eeboo shan lafa kaa’uun jilbeeffatanii seera tuma” jedha. Kun kan ibsu, seerri tumamu maqaa miseensota gadaa shananiin jechuudha. Miseensi gadaa shananuu alangaan kan bulaniifi eeboo fayyadamuunis sirna ofii isaanii akka tiksatan agarsiisa. Seerri kun miseensota gadaa shanan waan bakka bu’uuf. Kanaaf, eeboon agarsiistuu humna waraanaafi raawwii faallaa seeraan dhihaatu kan ittiin adaban ta’uu ibsa. Kun, adeemsi sirna kana keessa jiru humna waraanaa fayyadamuu kan hinleellisne ta’uu ibsa. Kana waan ta’eef, akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti mallattoo bifa bocaan mul’atedha.

Itti fufuun (6)fi (7) irratti kan dhihaatan, ‘Kallachaa’ fi ‘caaccuu’ jechoota giddugala kana keessatti bocawwaniin walqabatanii mul’atanidha. Caaccuun kun qaama dubartii fakkaata. Bishaan keessa guurama; kun hoodadha. Hirrmaattuun jechoota kanneen yoo ibsitu, “Waaqa dhiiraafi dubartii, aduufi lafaa. Waaqa aduudhaa kan hunda uume. Laftimmoo haadha; kan waaqni siif kenu roobaan sanyii ati lafa buufte akka haadhaatti biqilchiti” jetti. Kun falaasaama keessoo hawaasichaa mul’isa. Akkuma kana ilmi dhiiraa dubartiidhaan quunnamtii godha; sanyii dabarsa; sanyiin kun gadameessa dubartii keessatti guddatee dhala namaa ta’a. Walitti dhufeeyaa umamni dhala namaa waliin qabu dhiheessa.

‘Kallachaafi caaccuu’ jechoonni kunneen falaasama jiruu dhala namaa agarsiisu. Caaccuufi kallacha fudhachuun Oromoo keessa jira. Kallacha kana abbaatu qabata; isheen caaccuu qabatti. Waaqa samiifi lafaa, abbaafi haadha jechuudha. Abbaan sanyii kenna; haati immoo sanyii sana fudhattee hadaraa waaqaa kana gadameessatti qabattee nama uumti. Kallachi waaqa ilma namaa uume dubartiifi dhiirarrraa kan uume ta’uusaa mul’isa. Caaccuun qaama dubartii kan bakka bu’u; jiidha sanyiif kan mijatudha. Kallachi immoo hormaata dhiiraa agarsiisa. Ilma dhiiraati; sanyii kan kenu. Caaccuun qaama dubartii yeroo ta’u, sanyii waaqni kenu kana fudhattee dhalli namaa

achi keessatti uumamaa jechuudha. Kallachiifi caaccuun falaasamni Oromoo jabaa ta'uu agarsiisu. Agarsiistuuwwan kunneen eenyummaan Oromoo adeemsa uumaafi uumamaa hordofuun mul'achuu akka danda'u ibsu.

Ragaa dhihaate kana keessatti fayyadama jechootaa faallaa waliin deeman 'waaqaafi lafa', 'dhiiraafi dubartii' dhiheessuun akkaataa hawaasni tokko ofisaa ibsuufi ilaalu agarsiisee jira. Jechoonni faallaa waliin deeman kunneen kan dhihaatan hubanna hawaasni kun addunyaa keessa jiraatuuf qabu ibsuufidha. Jechoonni dhihaataan kunneen hariiroo uumaan uumama wajjin qabuufi dhalli namaa waliisaa wajjin qabu dhiheessu. Jechoonni ergaa bal'aa ofkeessatti hammachuu danda'u (Halliday, 1989: 11) ni ibsa. Afeewwan yaada bal'aa hawaasa keessa jiru dhiheessuuf humna akka qaban agarsiisa.

Waaqa dhiiraafi dubartii kan jedhu kun falaasama uumaafi uumamaa agarsiisa. Sanyiin lafa keessatti nikufti. Jiidhinsa waaqni kennuun lafa keessatti tortoruun biqiltee baati. Haatis snyii gadameessatti fudhachuun dhala namaa taasisti. Kun hadaraa waaqaati. Akkaataa hawaasni Oromoo jiruufi jirenya qabu itti ibsatu mul'isa. Kana malee, hubanna jiruu dhala namaa kan addunyaa keessa jiran irraa argamu ibsa. Kanaaf, bocawwan dhihaatan kanneeniin jechoonni walqabatanii dhihaatan hawaasichi akkamitti akka ofifi naannoo isaa akkasumas, akkaataa uumama jiruu itti hubatu agarsiisa. Akkasumas, agarsiistuu eenyummaa ogummaa bal'aa hawaasa keessa jiru mul'isedha.

'Kallachi' sirna Gadaa keessatti mallattoo Abbaa Gadaa ta'uun kan fayyadudha. Walitti dhufeenyi mallattoo kanaafi gaggeessaa gadaa gidduu nijira. Kun mallattoo agarsiistuu sirna gadaa keessa aangoo waliin kan walqabatu akka ta'etu hubatama. Yaada kana Dejene (2017: 157) wayita ibsu, "Kallacha is a phallic gadaa symbol, usually worn on the forehead by the Borana male and gadaa leaders when performing certain rituals" jedha. Kallachi mallattoo gadaa kan gaggeessaan sirna kana godhatu akka ta'e ibsa. Mallatoon kun akka agarsiistuu sirna gadaatti kan fayyadu yoo ta'u, giddugala aadaa Oromoo keessattt akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti kan dhihaatedha. Kunis, jecha 'kallacha' jedhu fayyadamuun bakka bu'ee jira. Kanaaf, afeewwan dalagaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti akka tajaajilan agarsiisa.

Fayyadama Gaaleewwanii Jiran

Fayyadama gaaleewaniin giddugala kana keessatti agarsiisni eenyummaa hawaasicha mul'atee jira. Gaaleewan kunneen haala garaagaraan dalagaawwan hawaasa keessa jiru ni dhiheessu. Ragaalee dhihaataniif xiinxalli barbaachisu haala armaan gadiin geggeeffameera.

(2)

8. *Abbaa bokkuu*
9. *Abbaa Gadaa*
10. *Yuuba tokkoffaa*
11. *Yuba lammaffaa*
12. *Haadha Jilaa*
13. *Abbaa Muudaa*

(Madda: Gumaata, 2019, f.15fi Daawwannaan (ragaalee bocawan adda addaarratti maxxanfamanii jiran))

Ragaan (8) irraa maqaa sirna keessatti hojiirra oolu. maqaan '*Abbaa Bokkuu*' jedhu kun sirna gadaa keessatti maqaa sadarkaa gaaleen tajaajiludha. "Abbaan bokkuu nama aangoon sirna gadaa harka jiru" hirmaataa qorannichaan. Sirna kana keessatti bokkuun kan itti kennamu nama baallii sirna gadaa fudhatetti. Kana jechuun, Abbaa Gadaatu '*Abbaa Bokkuu*' jedhama jechuudha. Yaada kana hayyooni yoo ibsan, "Abba Gadaa is another name for Abbaa Bokkuu" (Endalkachew, 2018: 41; Baisa, 1994) jedhu. Aangoon Abbaa Gadaa harka jiraachuu kan nutti mul'isu meesha 'bokkuu' jedhamtu akka ta'e ni hubatama. '*Bokkuu*' kan jettu mallattoo aangoo kan agarsiistudha. Qorataafi barreessaan Tesema (2016: 91) yoo ibsu, "The Bokkuu (scepter) the symbol of power" jedha. Bokkuufi aangoon walitti dhufeinya akka qabaniifi mallattoo isaa akka ta'etu mul'ata. Maqaa '*Abbaa Bokkuu*' jedhu keessatti jechi '*abbaa*' jedhu mallattoo sanatti abbummaa qabaachuu isaa kan agarsiisudha. Nama aangoon itti kennname yookiin of harkaa qabu akka ta'etu hubatama. Kan dhihaate kanarrraa kan hubatamu, '*Abbaan Bokkuu*' gaggeessaa sirna gadaa kan baallii fudhatee jiru akka ta'e ibsa. Afeen fayyadama aangoo hawaasicha keessa jiru agarsiisu kun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti dhihaachuusaa mul'isa.

Maqaan ‘*Abbaa Gadaa*’ jedhu kan (9) jalatti dhihaate, jecha ‘*abbaa’fi ‘gadaa*’ jedhurraa ijaaram. Sadarkaa caasaan yoo ilaalamu gaalee maqaati. Jechi abbaa jedhu mana Oromoo keessatti iddo olaanaa kan qabu yoo ta’u, gadaan sirna jabaa Oromooti. Galeen maqaa kun sirna gadaa keessatti hojiirra oola. Akka hirmaataan qorannichaa jedhutti, “Abbaan Gadaa gaggeessaa jaarraati. Biyya kan bulchu waan ta’eef isa mul’isuun dirqama keenya. Alangaa, hororoo, marataafi kallacha qaba” jedha. Abbaan gadaa biyya bulcha. Abbaa jaarraati. Jaarraan sirna Gadaa keessatti wagga saddeeti. Wagga saddeettan kana keessatti aangoo kan ofharkaa qabuufi biyya haala nagaan ta’een kan bulchudha. ‘*Abbaan Gadaa*’ kan jedhu sirna bulchinsa Oromoo keessatti dhageettii kan qabu gaggeessaa duree Oromoo ta’uu ibsa. Oromoone sirna akkamiifi geggeessaa akkamii akka geggeeffamaa ture mul’isa. Maqaan kun yaada nاما keessatti waan dhageessisu qaba. Sirna nagaafi bulchiinsa gaarii qabaachuu hawaasichaa nimul’isa. Kunimmoo hawaasichi eenu akka ta’e agarsiisuuf humna qaba. Kanaaf, maqaa bifa gaaleen dhihaachuun eenyummaa Oromoo giddugala kana keessatti agarsiisuuf mul’atedha.

Ragaan 10ffaafi 11ffaarratti dhihaatan, ‘*Yuuba tokkoffaa’fi ‘Yuuba lammaffaa*’ jedhu galee maqaa ta’ee maqaa sirna gadaa keessatti hojiirra oolanidha. ‘*Yuuba Tokkoffaa*’ abbaa gadaa aangoo dabarseefi gorsaa abbaa gadaa ammaati. *Yuubni lammaffaa* wayita yuubni tokkooffaa Abbaa Gadaa ture gorsaa isaa kan tureefi ammas gorsaa ta’ee kan hojjetudha. Itti dhiheenyi isaan Abbaa Gadaa wajjin qaban garaagarummaa qaba. Yuubni tokkoffaan itti dhiheenyaan Abbaa Gadaa ammaa kan gorsuufi wajjin hojjetu yoo ta’u, yuubni lammaffaa hamma isa tokkoffaa itti dhihaachuu dhiisus gorsaa ta’ema tajaajila. Asmarom (1973: 93) yoo ibsu, yuubni sirna gadaa keessatti gorsaa abbaa gadaa taasifama jedha. Gadaan sirna hirmaachisummaa qabu ta’usaa ibsa. Gaaleewwan maqaa bakka bu’uun giddugala kana keessatti mul’atan sirnaa qeenxeefi afaan tokko leellisuu biyya kanaa mormuuf akka dhihaatan mul’isu.

Itti fufuun, jecha sadarkaa gaaleetti ilaalamu (12) jalatti kan mul’ate *Haadha Jilaati*. “Moggaasni maqaa ‘*Haadha Jilaa*’ jedhu ogeessota afaaniifi aaddaa giddugala kanaan moggaafame. ‘*Haadha Gadaa*’ hinjedhamtu. Gujii keessatti ‘*Haadha Boollaa*’ jedhamti. Haadha jilaatu nu baasa jenneetu ‘*Haadha Jilaa*’ jenne” (hirmaataan). Namni tokko niitii fuudhu malee gara jilaa hingodaanu. Haadha warraa Abbaa Gadaa kan taateefi bakka jilli jiru isaa waliin akka deemtu mul’isa. Abbaa Gadaa waliin deemuu qillisoo keessa ta’uun isaafii maatii isaaf nyaata

barbaachisu qopheessiti. Yaada jilarratti dhihaate qaama Abbaa Gadaatti dhihaaturraa niyaafatti; yaadas nikenniti. Qooda fudhannaa dubartooni sirna gadaa keessatti qaban mul'isa. Kun, sirna hirmaachisaa ta'uun gadaa agarsiisa. Kanaaf, jechoonni sirna kanaan walqabatanii dhihaatan hawaasichi akkamitti akka ofbulchaa tureefi jiru agarsiisu. Kana malee, hawaasichi akkamitti akka eenyummaa isaa karaa sirna qabuun agarsiisu nidhiheessa.

Ta'us, hayyooni garaagaraa sirni gadaa dubartoota hin hirmaachisu kan jedhanakkuma jiran, kanneen hirmaachisaadha jedhanis jiru. Tesema (2016: 90) yoo ibsu, hayyooni hirmaannaa dubartooni sirna gadaa keessatti qabanirratti yaada walfalmisiisaa qabu. Ta'us, dubartooni Booranaa karaa alkallattii abbaa manaa gorsuufi yaada kennuufiin hirmaannaa nitaasisu jedha. Itti dabaluun, Aregash (2020: 23) yoo ibsit, sirna Gadaa Tuulamaa keessatti dubartooni seera isaan tiksuufi kabachiisu qabaachuun nihirmaatu. Kunis, Seera haadha (the law of mother) jedhama jedha. Kuwee (1997: 119) yaanni falmisiisaan jiraatus siinqueen qabuun hirmaannaa akka qaban ibsiti. Akkasumas, Endalkachew (2018: 42) hirmaannaa dubartootaa yoo ibsu, "Gadaa system is a system in which the rights of women are respected" jedha. Yaadonni kunneen sirna gadaa keessatti hirmaannaa qabaachuu dubartootaa nimul'isa. Keeyyata olii kana keessattis kan dhihaates hirmaannaa qabaachuu isaaniiti. Kanaaf, dubartooni sirni gadaa keessatti hirmaannaa akka qabaniifi eenyummaa Oromoo gama sirna kanaan mul'atu qajeelchuuf kan dhihaate ta'uusaati.

Dhumarratti, '*Abbaa Muudaa*' nama sirna gadaa keessatti sirna muudaa jirurratti argamuun hojii muuduu raawwatudha. Abbaa Muudaa jechoota 'abbaa'fi 'muudaa' kan jedhanirraa ijaaramuun maqaa sirna gadaa keessatti tajaajilu kana bakka bu'an. '*Abbaa*' hawaasa oromoo keessatti kabaja kan qabuufi nama maatii horatedha. '*Muuda*' sirna gadaa keessatti adeemsi muuda raawwachuu jira. Kanas ayyaantuu hawaasicha keessa jirutu raawwata. '*Abbaan muudaa*' kan sirna gadaa keessatti hojii muuduu raawwatudha. Ayyaantuun hojii muudaa raawwatu Boorana keessatti waan argamuuf Oromooni bakkee bal'aarrraa sirna kanarratti ni argamu (Asmarom, 1973: 91) jedha. Kun jiru hawaasichaa kan walqabatuufi sirna Oromoota bal'aa hirmaachisurratti qaamni hojii muuduu hojjetu akka jiru ibsa. Caaseffamni nagaafi walqixxuummaa hawaasa leellisu akka jiru ibsa.

Fayyadama Hima

Ragaaleen as jalatti dhihaachuun xiinxalaman afgaaffii hirmaattota qorannichaaf taasifame irraa argame. Afeen sadarkaa jechaa, himaafi isaa oliin dhihaachuun dalagaa hawaasa keessa jiru mul'isuu ni danda'a (Halliday and Matthiessen, 2004: 3; Xodjaeva and Kizi, 2020: 302) jedhu.

- (3) Fayyadama afeewwanii sadarkaa himaa
- 14. Giddugalli Aadaa Oromoo aftokkeefi aadtokkee morma.
- 15. Eenyummaa Oromoo dagatame yaadachiisa.
- 16. Giddugalli kun of nama barsiisa.

Afeen (14) jalatti dhihaate, hima yaada mormii qabu dhiheessa. Matimni isaa dhugaa hawaasni sun barbaadu bakka bu'uun yaada biyya kana keessatti olaantummaa morma. Yaadni 'aftokkee' kan afheddeen mormuufi 'aadtokkee' kan aadheddeen faallaa ta'e agarsiisa. Hima kana keessatti jechootni dhihaatan olaantummaan afaaniifi aadaa akka ture dhiheessu. Biyya Itoophiyaa jedhamu kana keessatti afaaniifi aadaa garee tokkoo qofa osoo hintaane afaaniifi aadaan danuun akka barbaachisa ibsa. Walqabsiistuun '–fi' jettu kun jecha ishee duraatti maxxanuun jechoota kanneen walitti hidhuun akka isaan yaada faallaa isaan mormuuf dhaabbatan mul'isti.

Afaaniifi aadaan saboota biyya kanaa gita bittootaan cunqurfamuun kan garee tokkoo akka leellifamuufi fudhatama argatu taasifamaa akka ture ni mul'isa. Hawaasni eenyummaan isaa miidhameeffi tuffatame agarsiistuuwwan ofin falmii akka eegale ibsa. Giddugalli kun dhiibbaa Oromoo irra ture karaa agarsiistuuwwaan eenyummaa falmuun akka maksuuf deemu hubachiisa. Afeen dhihaate kun, eenyummaan Oromoo agarsiistuuwwan jiraniin giddugaleessa biyyaa kanatti mul'ifamaa akka jiru addeessa.

Ragaan (15) irratti mul'atu, giddugalli kun eenyummaan hawaasichaa iddootti kan deebisuufi biyya kana keessatti dhiibbaan akka ture agarsiisa. Hima kana keessatti xumurri taasifamaan 'dagatame' jettu dhiibbaan qaama biyya kana geggeessaa tureen eenyummaa Oromoorratti akka taasifamaa ture ibsa. Himni dhuma (16) kan ibsu, guddugalichi eenyummaa Oromoo guddugaleessa godhatee akka ijaaramedha. Ofii dhuma isaayyuu hawaasichi eenu akka ta'e agarsiisa. Kana malee, akka hawaasni naannoo kanaafi bakkee bal'aa Oromiyaa keessa jiraatu of ilaalu taasisa kan jedhu ibsa. '*Of nama barsiisa*' qaamni kutima kun hawaasa eenyummaa isaa dagate tokko barsiisuuf humna qabaachuu isaa ibsa. Olaantummaan afaaniifi aadaa biyya kana

keessatti akka hin barbaachisne mormuuf afeewwan dhihaatanidha. Ta'us, dhiibbaan gama kanaa akka tures ni hubachiisa. Eenyummaan sabaafi sablammoota biyya kana garee lellistoota afaaniifi aadaa tokkoo warra Kaabaan hacuucamaa ture (Asafa, 2010; Tsega, 2012: 190) jedhu. Afeewwan caasaa himaan mul'atan kunneen eenyummaan Oromoo agarsiisuuf yaadota olaantummaafi gadaantummaa mul'isaniin dhihaatanii jiru.

Bocawwa Giddugala Aadaa Oromoo Keessaa

Dhalli namaa addunyaa uumamaafi bocawwaniin agarsiifamtu keessa jiraata. Mallatoon sammuu nama keessatti mul'achuun gara addunyaa keessa jirruutti dhufa. Kun hiika kan qabuufi jiru hawaasa keessaa xiyyeffachuu dhihaata (Nilgun, Buket, Mufit and Sumeyra, 2009: 902) jedhu. Bocni hawaasa keessatti dhihaatu hawaasicha ibsuuf humna akka qabu ibsa. Ragaaleen bocawwaniin walqabatanii giddugala keessatti dhihaatan akkamitti akka eenyummaa hawaasaa ibsan haala gadiin dhihaatee jira. Ragaaleen gaditti dhihaatan duraa dubaan xiinxalaman.



Ragaa: 1ffaa



Ragaa: 2ffaa



Ragaa: 3ffaa

Hirmaataan afgaaffii ragaa 1ffaa kana yoo ibsu, "Abbaan Gadaafi Haati Golaa sirna gadaa keessatti iddo guddaa qabu. Kanaaf, boca isaanii akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti fuuldura giddugalichaatti fudhanne" jedha. Gadaan Oromoo eenyummaa hawaasichaafi hawaasicha agarsiisuuf humna akka qabu mul'isa. Bocawan sirna gadaa bakka bu'an kunneen eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf akka dhihaatan kan mul'isudha. Ilmaan gadaa ta'uu saba kanaa mul'isu. Gadaan naannoo magaaalaatti laafaa dhufus; Oromoont durii qabee gadaan akka bula ni ibsa. Kun sirni gadaa agarsiistuu eenyummaa hawaasa Oromoo ta'uu agarsiisa. Dabalataan, hirmaataan afgaaffii yaada kana yoo ibsu, "Gadaa keessatti uumamuun hawaasa

kanaa agarsiistuu guddaadha. Hawaasni kun gadaa keessatti uumamuun eenyummaa isaaf isa bu'uuraati. Sirni kun haqarratti kan hundaa'e. Bocni Abbaa Gadaafi Haadha Jilaa agarsiisu kun Oromoorn sirna gadaan geggeeffamuusaa mul'isa," jedha. Sirni gadaa eenyummaa hawaasichaagarsiisuu keessatti hinkoo jabaa akka qabu ibsa. Oromoorn sirna kana keessatti waaan of ilaaluuf bocni fuuldura giddugalaatti mul'atu kun akka agarsiistuu eenyummaa isaatti fudhatama. Bocni kun yaadqalbi namaa keessatti Oromoorn akkamitti akka addunyaa keessa jiru ilaaluufi sirna akkamiin akka of bulchu kan mul'isudha. Kanaaf, bocni giddugala kana keessatti dhihaate kun akka agarsiituu eenyummaa hawaasichaatti mul'atee jira.

'Gadaa keessatti uumamuu' kan jedhu kun walitti dhufeenyi Gadaafi Oromoorn gidduu jiru guddaa ta'uu ibsa. Gadaan sirna jabaa hawaasa kana walitti fideeffi addunyaa keessa jiran ittiin hubatan akka ta'e agarsiisa. Eenyummaa jabaa hawaasichaak kan ta'eefi eenyummaan kun kan ittiin bahee addunyaa biroofi hawaasichatti ittiin mul'atu ta'uus ni kaasa. Oromoorn eenyummaa isaa agarsiisuuuf mallattoo sirna kanaan walqabataniin akka mul'isullee ni agarsiisa. Dabalataan, 'haqarratti' gadaan falaasamaafi beekumsa xabboo hawaasichaak karaa dhugaa ta'een addunyaaatti kan baasu ta'uu ibsa. Sirna ammayyaa'aa dhugaan utubame. Oromoorn sirna dhugaa ittiin of geggeessuu akka qabu boca agarsiisuu akka ta'e mul'isa. Kanaaf, eenyummaan Oromoorn karaa mallattoolee bifa bocaan giddugala kana keessatti mul'atanii akka dhihaatee jiru agarsiisa.

Oromoorn sirna jabaa Abbaa Gadaan durfamu akka qabuufi agarsiistuu ofii taasifatee akka dhimma bahaa jiru ibsa. Sirna kana keessatti bocni dhihaate kun kallattii jiruu Oromoorn maraan kan mul'atudha. Kun Oromoorn kallatti baay'een agarsiisuu waan danda'uuf dhihaate. Fakkeenyaaf, sabichi sirna guddifataa dhufeefi maatiirraa dhaaleen aangoof akka wal hin dhibne mul'isa. Dabalataan, Oromoorn aangoo karaa hinmalleenis akka hindharraane ni agarsiisa. Gadaafi jiruun hawaasaa, falaasamniifi beekumsi isaa waliin deemuu isaanii nidhiheessa. Barreessaafi qorataan Tesema (2016: 82) yaada kana yoo ibsu, "Oromo Gadaa, ..., which governed almost every aspect of all Oromo life, wisdom and philosophy" jedha. Gadaan sirna jabaa Oromoorn akkaataa jiruufi jirenya isaa ittiin agarsiifatuufi addunyaa keessa jiru ittiin mul'isu akka ta'e ibsa. Kun sirni gadaa agarsiistuu eenyummaa hawaasichaak ta'ee akka mul'achuu danda'u kan mirkaneessudha.

Ragaan lammaffaa jalatti dhiyaate kun akka agarsiisutti, bocni giddugala aadaa Oromoo keessatti mul'atu kun sadarkaan umrii sirna gadaa keessa murteessaa ta'uu ibsa. Hirmaataan afgaaffii yoo ibsu, "Kun boca sagee raabaati. Sadarkaan umrii sirna gadaa keessa agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati. Sadarkaleen gadaa kun qaraafi ce'umsa qaba. Qarri kun dabballee hanga raabaatti." jedha. Hawaasa Oromoo keessatti beekumsaafi hubannoo hawaasa keessa jiru kan gabbifatan sadarkaa umrii qabaniimidha. Sadarkaan umrii sirna gadaa keessa dabballeerra kaasee waggaa saddeet saddeetiin qoodamaa deemuu mul'isa. Sagleen raabaa umrii murteessaa aangoo sirna gadaa qabachuuf itti of qopheessan. Umrii beekumsa waraanaan ga'umsa cimaa itti gabbifatan, akkaataa itti bulchaniifi hubannoo keessoo hawaasaa horataniifi bulchuuf ofqopheessanidha. Sadarkaa jiruu dhalaan namaaf murteessaa ta'eefi geggeessummaaf qophii morkisiisaa itti taasisani.

'Sadarkaa gadaa qara' kun sadarkaa umrii dabballee hanga raabaatti agarsiisa. Umrii itti hubannoo hawaasa keessa jiru itti gabbifataniifi egeree biyya ofiif ofqopheessanidha. Qooda fudhannaan akkaataa umriin bakkatti namaa qoodamuufi geggeessitoonni qareeyyiin adda baafamaa deeman. Sagarkaan umrii kunneen akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti dhihaataniiru. Kana malee, Oromo umriin qooduun sirna ofiitti akka dhaloota guddisaa tureefi umrii kamitti namni maal hojjechuu qaba kan jedhus ni dhiheessa. Kun, hawaasichi akkamitti akka waan ofii ilaaluufi hubatu addunyaatti mul'isa. Akka agarsiistuu eenyummaatti callaqree jiru kennuu isaati. Kana malee, 'sadarkaa cehumsaa' yeroo itti aangoo sirna gadaa fudhachuun hojji geggeessummaa hojjetanidha. Waggaa saddeettan sirna gadaati. Yeroon cehumsaa bakkatti beekumsaafi falaasama dhugaa hawaasicha keessa hubataniin hawaasicha sirna kanaan bulchani. Akkaataan qoodinsa umrii sirna gadaa keessa kunneen agarsiituu eenyummaa hawaasichaa ta'anii akka dhihaatan isaan godheera.

Eenyummaan Oromoo giddugala kana keessatti sadarkaa umrii sirna gadaa keessa jiruun agarsiifamee akka jiru ni mirkaneessa. Dabalataan, beekumsaafi hubannoo sirna kana keessa jiru umriin qodee akka hubachiisuufi addunyaa keessa jiruuf qopheessu sirnawaa ta'uu mul'isa. Kana malee, eenyummaan hawaasichaa akkaataa sirnaawaan kan ijaarame ta'uus nidhiheessa. Yaada kana Endalkachew (2018: 41) yoo ibsu, "In Oromo society, knowledge and information have been mainly transmitted from generation to generation through the institutions of family, religion, and Gadaa" jedha. Oromoo dhaabbilee bu'uuraa qabuun akkaataa jiruufi jirenya isaa akka dabarsu ibsa. Gadaan beekumsa Oromoo ceesiuuf humna akka qabu ibsa. Beekumsa ganamaa Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti kan mul'ate ta'us nidhiheessa.

Kanaaf, bocawwan marsaa kanatti gadaan walqabachuun mul'atan agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta'anii dhihaatan.

Ragaa 3ffaan kan agarsiisu, bocawwan irreechaan walqabatan akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti giddugala kana keessatti dhihaatanii akka jiranidha. Fakkeenyi kun irreecha sadarkaa maatiitti Oromoon irreffatamu bakka bu'a. Kunis, Irreechi Oromoon geggeeffamu dhugeeffanna maatiin uumaa isaaf qaburraa hanga hawaasni bal'aan walta'uun irreffatuutti kan deemu ta'uu mul'isa. Irreffannaan maatii adeemsa ofii isaa akka qabu suuraa kanarrraa ni hubatama. Isaanis, bitaa irraa gara mirgaatti durba, abbaa, haadha, ilma hangafaafi quxisuutu dhaabbata. Araddaa naannoo jiruurraa marga jiidhaa kutee kan maatiif laatu durbadha. Kun akka fedheen araddaa kutanee akka hinirreffanne mul'isa.

Bocawwan kunneen giddugala kana keessatti akka agarsiistuuwan eenyummaatti dhihaachuu isaanii hirmaattuun yoo ibsitu, "Bocawwan kunneen irreecha sadarkaa miseensa maatiitti raawwaatamu agarsiisa. Waan eenyummaa hawaasichaa mul'isuu danda'aniif askeessatti bocaman. Abbaan ni eebbisa. Marga kana durba duudaatu abbaaf kenna. Coqorsa caalaa araddaa kuttee kennitiif" jetti. Kun, rreechi mallattoo nagaafi dhugeeffanna hawaasichaa yeroo eeguun malkaattii raawwatamu ta'uu ibsa. Irreffannaan sadarkaa maatiitti kan mul'atuufi sirnaawaa akka ta'e nidhiheessa. Dabalataan, akkaataan irreffanna kun safeeffannaafi soda uumaaf qaban hordofuun kan raawwatu ta'uu ibsa. Kana malee, irreffannaan maatii bu'uura irreffanna waloo hawaasichaa ta'uus kan agarsiisudha. Kanaaf, akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti akka dhihaates nikaasa. Eenyummaan Oromoo wayita ka'u irreechi akka agarsiistuu nagaa hawaasichaafi sirna galatoo malkaatti ba'uun uumaa waan hunda dabarseef itti galateeffataniitti ka'a. Kun eenyummaa hawaasichaa addunyaa birootti mul'isuuf sirna humna qabu ta'uutu hubatama.

'Durba duudaa' sirna irreffanna maatii kana keessatti araddaa kutee kan abbaafi maatiif kenu durba duudaadha. Durbi duudaan qulqulluummaa kan qabdu; akka aadaa Oromootti uumaan ishee dhagaha jedhamee waan yaadamuufidha. Dabalataan, imimmaaniifi kadhaan dubartii dhiira caalaa dhageessisa jedhama. Kun, hubanna uumaafi uumamaaf qabuun akkamitti akka eenyummaa isaa agarsiisuufi dhugeeffatu mul'isa. Kan biroo, abbaan intala ofiirraa erga araddaa fudhatee kanneen biroof kan quoduufi hangafummaa eeguun kan irreffatan akka ta'es nimul'isa.

Duraa duubni dhaabbannaa maatii irreeffatan kanaas safuun Oromoo keessa akka jiru ibsa. Kana malee, “Coqorsa caalaa araddaa kuttee laatti” Kun abbaan araddaa kanaa Oromoo ta’uu kan mul’isudha. Malkaafi araddaan Magaalli Finfinnee irratti ijaaramte kan Oromoo ta’uus agarsiistuudha. Kanaaf, irreechi sadarkaa maatii kun akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti giddugala kana keessatti dhihaatee jira. Haala jiruufi jirenya Oromoo gudunfee dhiheesse.

Yaanni olitti dhihaate kun, Oromoont araddaa ofiirratti akkamitti akka of ibsuufi uumaa isaa dhugeeffatu ibsa. Hawaasni kun eenyummaa ofii akkaataa itti ilaaluufi kana iddootti deebisuuf araddaa ofiirratti akka irreeffachuu qabu agarsisa. Qorataafi barreessaan Mohammed (2002: 226) yoo ibsu, bara ka’umsa Hayile Sillaasee (1930-19740) polisiin sirna Amaaraayizeshinii kan aadaa warra semetikiifi olaantummaa oftultota leellisu aadaa, amantaafi bakkeewwan jilaa Oromoo akka baduufi quucaru taasisaa ture jedha. Bakki irreeffanna kun olaantummaa bakkeewwaan dhugeeffannaarratti godhameefi sarbama ture mul’isuuf, akkasumas, eenyummaa ofisaa haala kamiin akka agarsiisaa tureefi jiru dhiheessa. Kun Oromoont agarsiistuuwwan kanneen fayyadamuun eenyummaa isaa iddootti deebisuuf akka hojjechaa jiru mul’isa.

Ergaa Afeewwaniifi Bocawwan Giddugalicha Keessatti Argaman Dabarsan

Afeewwaniifi bocawwan giddugala kana keessatti argamaan eenyummaa Oromoo karaa adda addaa mul’isanii akka jiran ragaalee xiinxalaman irraa ni hubatama. Agarsiistuuwwan bifa afeen mul’atan dhugaa hawaasa keessaa dhiheessuun akkatti Oromoo ofiifi addunyaa keessa jiru hubatu mormisiisu. Eenyummaan isaa sadarkaa biyya kanaatti bakka akka argatu qajeelchu. Olaantummaa agarsiistuuwwan eenyummaa irratti sadarkaan mul’ataniin akka hin dhaalamneef haqa hawaasichaa mul’isu. Afeewwan dhihaatiin hubannoont hawaasaa, ilaalchi isaafi gulantaan cehumsaa jiru maal akka fakkaatu dhihaateera. Sabni kun waan ittiin of ibsuufi ilaaluu kanaan walcaalmaa mul’atu akka sirneeffatu dhaamu. Akkuma kana, Oromoont sirna ammayyaa’afi sadarkaa addunyaatti ittiin of ibsu qaba. Hirmaachisummaan isaa yookiin eenyummaan dubartootaa sirna gadaa keessatti maal akka fakkaatu dhihaatee jira. Hirmaachisummaafi walqixxummaa isaa mul’isuuf ‘Abbaa Gadaafi Haadha Jilaan’ jechuun agarsiifamee jira. Kun, faallaa sirna biyya kana keessa turanii mul’isuun humni siyaasa Oromoo maal akka fakkaatuufi hidhata inni hawaasicha waajjin qabu ibsa. Oromoont sirna ofii ijaarrateen eenyummaa isaa ibsachuu akka danda’u dhaamsa dabarsa. Sirni kun beekumsa xabboo hawaasichaa, dinagdee isaa,

akkaataa, jiruufi jirenya Oromoo tureefi jiru ibsa (Asmarom, 1973; Tesema, 2016; Endalkachew 2018). Dabalataan, dubartoonni sirnoota jiran keessatti hirmaannaa akka qaban ibsuuf, ‘*caaccuufi kallaacha*’, ‘*waagaafi lafa*’, ‘*durba duudaafi irreecha*’ kan jedhu dhihaatee jira. Sirni caaseffama hawaasa kanaa sirnaawaa akka ta’eefi olaantummaafi gadi aantummaan akka hin jirree mul’isu.

Malkaafi araddaan iddoor irreechi itti dhugeeffatamu mul’isuufi *odaan asxaa* sabichaa ta’e dhihaachuun eenyummaan Oromoo iddoosaa ganamaatti deebi’uu isaa mul’isu. Akeeka sirnoota darbanii kan mormuufi dhugeeffannaan hawaasichaa sadarkaa maatiitti akka jiru dhaama. Kunis, gadi aantummaa ture mormuun walqixxummaa hirmaannaa hawaasa biyyittii kan leellisudha. Yaada kana hirmaattuun afgaaffii yoo dubbattu, “Bocawwan sirna gadaan walqabatanii dhihaatan, ilaalcha gamtokkee biyyicha keessa jiru diiguun walqixxummaa mul’isu” jetti. Eenyummaan hawaasichaa gareewan siyaasaa biyya kanaan dhibamaa ture agarsiistuuwwan sirna gadaa keessa jiraniin bahanii mul’achuu akka danda’an ibsa. Kun dhiibbaa ture mormuun eenyummaan hundagaleessa ta’e biyyattii keessatti akka mul’atuuf agarsiistuu jabaa ta’ee kan dhihaatedha.

Walitti Dhufeenyaa Afeewwaniifi Bocawwan Aangoo Waliin Qaban

Afeewwaniifi bocawwan hawaasa tokko keessatti mul’atan irraa jalummaa, walqixxummaa dhabinsaafi olaantummaa jiru ni agarsiisu. Xiinxala afeewwaniin illaanyiifi aangoon hawaasa bal’aa keessatti bifa kamiin akka mul’atuufi gochaalee jiran hubachuun ni danda’ama (Fairclough, 2003) jedha. Namni mallattoolee bocuun itti fayyadama. Bocawwan kanneeniin yaada, gochaalee, hariiroo, walitti dhufeenyaaafi siyaasa isaa ibsata (Cassirer, 2012; Geertz, 1973; Blumer, 1986) jedha. Mallatoon walitti dhufeenyaaafi irraa jalummaa hawaasa keessa jiru ni agarsiisa (Nilgun, Buket, Mufit and Sumeyra, 2009: 902) jedha. Yaadni kun afeewwaniifi bocawwan hawaasni tokko ittiin of agarsiisuun irraa jalummaa hawaasni tokko qabuufi olaantummaa aangoo tureefi jiru mul’isuu akka danda’u dhihaateera.

“Abbaan Gadaa afaan fayyadamuun biyya eebbisa; eega.” (hirmaataa afgaaffiin). Afaan ofi fayyadamuun seerri gadaa akka hojiirra oolu dhibbaa godha. Icciiti sirna Gadaa keessa jiru barsiisa; mallattoolee bakka buusa. Mallatoon sirna gadaan walqabachuun dhihaatan kamiyyuu afaaniin moggaasaafi hiika barbaachisu argatu. Abbaan gadaa afaan fayyadamuun sirna kana hooggana; seera jiruun biyya bulcha. Kun, afaaniifi aangoon walitti dhufeenyaa akka qaban ni

agarsiisa. Kan biroon, bocni Abbaa Gadaafi mallattooleen isaan walqabatanii dhihaatan afeewwaniin hiika akka argatan mul'ateera. Afeewwaniifi bocawwan Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman olaantummaa sirnoota jiran keessatti mul'atan mormuu sirna hunda hammate deebisuuf akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti kan dhihaatanidha.

Itti fufuun, afeewwan giddugala kana keessatti mallattoolee jiran bakka bu'anii dhihaatan afaan aangoor sirnoota darbaniin Magaalaa Finfinneerra gara moggaatti dhiibame iddootti deebisuuf humna qabu. Afaan Oromoo aadaa, eenyummaafi akkaataa jiruufi jirenya sabichaa kan baatuufi ceesisudha. Kana qorataafi barreessaan Asafa (2014: 120) yoo ibsu, “The Oromo language has been the main carrier of the essence and features of Oromo culture, tradition, and peoplehood. Since the Ethiopian colonizers had failed to destroy this language and replace it by that of their own” jedha. Afaan Oromoofi Oromoo gidduu walitti dhufeenyi karaa hundaa kan jiruufi afaan kun garee siyaasaa biyya kanaan dhiibamaa akka ture ni agarsiisa. Giddugala kana keessatti dhiibbaa karaa aangoon afaanicharratti raawwataa ture iddootti deebisuufi afaan kanaan akka hawaasni kun ofisaa agarsiisuu danda'u dhihaateera. Kana malee, sirna aftokkee biyya kana keessatti leellifamuufi yaada nammaa qabatee jiru maksuufis hinkoo qaba. Kanas, Getachew (2019: 1) yoo ibsu, “Emperor Tewodros II (1855-1868) decided to use Amharic script for writing his royal chronicles giving Amharic a legitimacy. ... In 1955 the king instituted yet another imperial constitution. In its article 125 it stated that ‘Amharic is the official language of the Empire’” jedha. Afeewwan giddugala kana keessatti dhihaatan eenyummaa hawaasichaagarsiisuun af daneessummaa deebisuufi olaantummaa afaaniin jiru maksuuf mul'atanii jiru.

Bocawwan sirna gadaan walqabachuun akka agarsiistuu eenyummaatti mul'atan aangoon sirna gadaa keessatti akkamitti akka ijaaramuufi cehu ibsanii jiru. Mallattooleen abbaan gadaa qabatu aangoon walitti dhufeenyi qabu. Akkuma warri kaabaa ‘masqaliin’ walbulchu; Oromooneis ‘alangaa’ fayyadamuun seera tumee ittiin walbulchu isaa mul’isa. Abbaan Gadaa seera sirni gadaa qabuun waan biyya bulchuuf alangaa qabata. Alangaa mallattoo nagaan biyya bulchuuti. Qorataafi barreessaan Asmarom (1973: 68) yoo ibsu, bulchiinsa sirna gadaa keessatti aangoon seera-tumaa caffeerratti hundaa'uun kan madaaluufi sirratudha. Sirni kun karaa dimokiraataawaa ta'een geggeeffamuusaa ibsa. Sirna nagaa alangaa mallattoo godhate jechuudha. Karaa biraan, hawaasni Kaaba biyya kanaa amantaa Ortodoxsii akka mallattoo biyyaafi sirnaa godhatee

fayyadamaa ture. Kana qorataan Bedassa (2016: 5) yoo ibsu, "The Abyssinian culture, mostly the Amhara values and Orthodox religion, clearly taken as a symbol that portrayed Ethiopia" jedha. Biyyi kun amantaa Ortodoxsii akka mallattootti akka fayyadamaa turte ibsa. Dabalataan, Asafa and Harwood (2017: 281) yoo ibsan, "Once the Abyssinians effectively colonized the Oromo with the help of European colonial powers, they started to propagate their ruling ideas and mythology in the discourse of Orthodox Christianity" jedhu. Kanaaf, alangaan mallattoo Sirna Gadaa Oromoo keessatti seeraan buluu sabichaa ibsuufi mallattoo bulchiinsati. Oromoorn mallattoo ittin sirnaafi eenyummaa isaa agarsiifatu akka qabu ibsa. Sirni warra Kaabaa mallattoo ittiin dhihaatuufi ilaalamuakkuma qabu Oromoorn kan ofisaa qaba yaada jedhu dhiheessa. Akkasumas, sirna olaantummaa jiruu mormuufi sirna nagaa kan leellisu akka ta'e ibsa.

"Abbaan Gadaa waraana hinqabatu." (hirmaattuu afgaaffii). Abbaa Gadaa waraana qabatee biyya akka hinbulchine boca giddugala kana keessatti dhihaaterra nihubatama. Sirni Oromoo kun nagaa qabeessaafi bulchiinsa mirga dhala namaaf iddo guddaa kan qabu ta'uu ibsa. Dalataan, Oromoorn hawaasa qaroomaafi sirna jaarraa kana keessa barbaadamuun walbulchaa akka tureefi itti jiru nimul'isa. Kana malee, dhala namaa humna fayyadamanii ajjeesuufi doorsisuun akka hinbulchines nikaasa. Barreessaafi qorataan Asmarom (1973: 2) yaada kana yoo ibsu, "Oromo have gone to ensure that power does not fall in the hand of war chiefs and despots. They achieve this goal by creating a system of checks and balances that is at least as complex as the systems we find in Western democracies" jedha. Kunis, sirna Gadaa keessa akkaataan bulchiinsaa nagaa qabu akka jiru mul'isa. Adeemsi aangoo sirna Gadaa keessaa sirnaawaa ta'uu ibsa. Faallaa sirnoota biyya kana keessatti mirga sabotaa dhibbaa, olaantummaa garee tokkoo leellisaafi walqixxummaa hawaasaa maksaa turanii akka ta'e ibsa. Kana mormuun giddugala kana keessatti bifa bocaan akka agarsiistu eenyummaa Oromootti mul'atee jira.

GOOLABA

Agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti bifa garaagaraan mul'atanii jiru. Eenyummaan Oromoo giddugala kana keessatti fayyadama afeewwaniin, bocawwan Abbaa Gadaafi Haadha Jilaan, sadarkaa umrii sirna gadaa keessa jiruun akkasumas, fakkeenya irreecha maatiin agarsiifamee akka jiru waraqaa kana keessatti mul'ateera. Agarsiistuuwwan eenyummaa askeessatti mul'atan beekumsaafi hubannoo hawaasichi addunyaa keessa jiruuf qabuuf ofii isaa

akkamitti akka ilaalu mul'isaniiru. Kun, beekumsi xabboo Oromoo afeewwaniifi bocawwaniin walsimuun giddugala keessatti dhihaate akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti mul'achuun isaati. Beekumsi kunis falaasama jirenyaa ture waan dhiheessuuf jiruu har'aa keessatti akka xiyyeffamu qabu agarsiiseera. Akkasumas, eenyummaan hawaasichaa akkaataa sirnaawaan ijaaramuu isaa waan agarsiisaniif jiruu ammayyaa keessatti akka xiyyeffatamu godha.

Agarsiistuuwwan dhihaatan sirni hawaasa hirmaachisuufi olaantummaa garee tokkoo hin mul'isne sadarkaa biyyaatti akka barbaachisu mul'isaniiru. Kunis, olaantummaa ture mormuun walqixxummaan eenyummaa akka leellifamu jajjabeessa. Afeewwan qorannicha keessatti fudhatamuun hiikaman beekumsa xabboo jiru haala har'aan mul'isaniiru. Dhiibbaan afaanii jiru akka makfamuu qabu ni qajeelchu. Eenyummaan saba kanaa karaa ittiin agarsiifamu akka qabus dhiheessaniiru. Kan biroon, hariiroo afeewwaniifi bocawwan aangoo waliin qaban faassasuun walqixxummaa dhabinsa tureefi jiru, akkaataa aangoon hawaasa Oromoo keessatti itti ijaaramuufi cehu, dhiibbaafi olaantummaa biyya kana keessatti kallatti adda addaan jiru argameera. Alangaan mallattoo nagaan biyya bulchuu Abbaa Gadaa ta'uun isaa mul'ateera. Kun sirni dimokiraatawaan biyya kanaaf akka maluufi sirna sabtokkee fudhatama akka hin qabne mul'ise. Kan biroon, hariiroon uumaafi uumamaa karaa kallachaafi caaccuu dhihaate uumamni adeemsa sirnaawaa isaaaf malu argachuu akka qabuufi amanamummaa eeggachuu akka qabtu ife. Mirga uumamaan hawaasni tokko qabu sirnan tikfamuu akka qabuufi amanamummaan hawaasa gidduu jiraachuu akka malu ifa godhee jira. Waraqaan kun qaamoni poolisii biyya kanaa qopheessan agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasni kun qabu fuulleffachuuun eenyummaa waliinii ijaarachuu keessatti akka hammatamuu qaban ni taasisa. Beekumsi keessoo hawaasaa jiru xiyyeffannoonaakka ilaalamaa deemuuf galtee gaarii ta'a.

WABILEE

Adugna Barkessa (2019). Discursive strategies of 'Oromara': a critical discourse analysis of Abiy Ahmed's, political rhetoric, *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities (EJOSSAH)*, Vol. XV, No. 2.

Aregash Eticha (2020). Role of women in Tulama Oromo Gada System: The case of Ilu, South-West Shewa Zone, Oromia Regional State. *International Journal of Asian History, Culture and Tradition*, Vol.6, No.1, pp.10-34. Published by ECRTD- UK.

- Asafa Jalata (2010). "What is next for the Oromo people?", *Sociology Publications and Other Works*. http://trace.tennessee.edu/utk_socopubs/11
- _____. (2014). Promoting and developing Oromummaa, *The Journal of Pan African Studies*, vol.6, no.8. Knoxville, Tennessee.
- Asafa Jalata And Harwood, S. (2017). The Oromo, Gadaa/Siqqee democracy and the liberation of Ethiopian colonial subjects, *An International Journal of Indigenous Peoples*.
<https://www.researchgate.net/publication/>.
- Asmarom Legesse (1973). *Gada: three approaches to the study of African society*. New York: The Free Press.
- Baissa Lemu (1994). Gada Values: Building Blocks of a Democratic Polity, *Journal of Oromo Studies*, I (2).
- Bedassa Gebissa (2016). Oromo Indigenous Religion: Waaqeffannaa. *IJSRI, Vol. III, Issue IV (ISSN 2321 – 2705)*. Retrieved from, www.rsisinternational.org.
- Bloommaert, J. (2005). *Discourse: Key concept in sociolinguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Blumer, H. (1986). *Symbolic interactionism: perspective and method*. Berkeley and Los Angeles: University of California Press.
- Cassirer, E. (2012). The symbol. *symbol philosophy and the opening into consciousness and creativity*, 53, pp. 43-48.
- Daraaraa Maatiifi Mohammed Hassan (2008). *Goota Oromiyaa*. Oromia Publishing LLC.
- Dejene Gemechu (2017). Blessing the route, striving for peace and success: Borana-arbore ritual gift exchange. *ANTHROPOS*, V. 112. pp. 153–165
- Endalkachew Lelisa (2018). Oromo indigenous philosophy (Gadaa System): the case of 74th Gujii Oromo gadaa power transition. *ISSN 2224-3178 (Paper)*, Vol. 45, Retrieved from, www.iiste.org.
- Fairclough, N. (1992). *Discourse and Social Change*. Cambridge: Polity Press.
- _____. (1995). *Critical discourse analysis the critical study of language*. London and New York: Longman.
- _____. (2003). *Analysing discourse: textual analysis for social research*. New York: Routledge.
- Filee Jaallataa (2021). *Beekumtaa Oromoo I (Oromoo Folklore (Maxx. 2^{ffaa}))*. Finfinnee: Keyline

- Printing.
- Gee, J. P. (2005). *An introduction to Discourse Analysis: Theory and method* (2 nd (ed.), NY: Routledge.
- Geertz, C. (1973). *The interpretation of cultures*. New York: Basic Books.
- Gemetchu Megerssa (1993). ‘*Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of the Oromo in East and North East Africa*’ (PhD Diss.) University of London, School of Oriental and African Studies.
- Getachew Dires (2019). Language Policy of Ethiopia. <https://www.researchgate.net/publication/>
- Government of the Federal Democratic Republic of Ethiopia (1994). *Constitution of Ethiopia* (Addis Ababa)
- Gur, T. (2014). A discourse analysis: a professonsl identity development of language teacher candidates. *Academic Journal*, Vol. 19(15), pp. 510-515. Retreived from, <https://www.academicjournals.org//ERR>
- Hall, S. (1997). *Representation: cultural representations and signifying practices*. SAGE.
- Halliday, M.A.K. (1989). *Spoken and written language*. Oxford University Press.
- Halliday, M. A. K. and Matthiessen, C. (2004). *An introduction to functional grammar* (3rd). London: Hodder Arnold.
- Kress, G and Van Leeuwen, T. (2008). *Discourse and practice: new tools for critical analysis*. London: Rutledge.
- Kuwee Kumsa (1997). The Siqqee Institution of Oromo Women. *In the Journal of Oromo Studies*, Vol. 4, Nos. 1 & 2.
- Littlefield, D. (2012). Regeneration: place, memory, identity. *Architectural Design*, 82(1), pp:8-13.
- Mammadov, A. (2018). *Studies in text and discourse*. Cambridge Scholars Publishing.
- Mohammed Hassen (1997). Review Essay: Gezetena Gezot, Matcha and Tulama Self-Help Association, by Olana Zoga. *In the Journal of Oromo Studies*, Vol. 4, Nos. 1 & 2.
- _____ (2002). Conquest, Tyranny, and Ethnocide against the Oromo, *Northeast African Studies*, 9 (3), pp. 15-49.
- Nilgun, A., Buket, K., Mufit, A. and Sumeyra, D. (2009). Symbolic interaction theory, *Procedia Social and Behavioral Sciences*, 1 (2009) 902–904.
- Spencer, S. (2006). *Race and ethnicity: culture, identity and representation*. London: Routldge.

- Tesema Ta'a (2016). The Gadaa system and Some of its Institutions among the Booranaa: a historical perspective. *EJOSSAH*, Vol. XII, No.2
- Tsega Etefa (2012). *Integration and peace in East Africa: a history of the Oromo Nation*. Palgrave Macmillan.
- Weninger, C. (2018). Textbook analysis, *In the Encyclopedia of Applied Linguistics* (pp. 1-8). <https://doi.org/10.1002/>.
- Wodak, R. and Meyer, M. (2001). *Methods of critical discourse analysis*. London: SAGE Publications Ltd.
- Wodak, R. (2001). “The discourse-historical approach.” In Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), *Methods of Critical Discourse Analysis*. London: Sage Publication.
- Xodjaeva, D. I. and Kizi J. G. (2020). The rise of text linguistics. *International Journal of Progressive Sciences and Technologies (IJPSAT)*, Vol. 23 No. 2., pp. 301-307.
- Yıldız, E., and Aydın, D. (2014). Loss of city identities in the process of change: the city of Konya-Turkey. *Procedia-Social and Behavioral Sciences*, Vol.140, pp. 221 – 233. Published by Elsevier Ltd.